# Maanuwaalii Leenjii Hubannoo Koorniyaa fooyyessu

(Ethio-SHEP)=**Pirojektii Qonna gabaa beeksisuun Qonnaan Bulaa Kurduraa fi muduraa Omishan aangessuu/ga'eessuu (Ethio-SHEP)**

Qabiyyee


Saganta Leenjii Qopha'ee................................................................. **Error! Bookmark not defined.**

1.Qophii ........................................................................................................................3

2.Seensa ........................................................................................................................4

2.1 Tarkaanfii 1 hubanno koorniyaa fi saalaa ……………………………………………………...4

3.Meeshaalee 1Xiinxaalaa Koorinyaa ..........................................................................6

3.1 Tarkaanfii 2 gahee fi itti gafatamummaa Maatii……………………………………………......6

4 Meeshaalee xiinxaalaa koorinyaa 2……………………………………………………………8

4.1 Tarkaanfii 3 gahee dhiiraa fi dubartootaa sadarkaa maatitti hubachuu…………………………....8

5 Xiinxaalaa meeshaalee koorinyaa 3 ……………………………………………………….…10

5.1 Tarkaanfii 4 bira gahumaa fi to'annoo qabeenyaa……………………………………………….10

6 Seenaa dhimmaa koorniyaan walitti dhufaan ………………………………………………..12

7 Guyyaa 1 walga'ii xumuuraa gaggeessuu…………………………………………………………13

7.1 Tarkaanfii 5 waliga'ii xumuraa…………………………………………………………………13

8 Meeshaalee xiinxaala koornyaa…………………………………………………………………14

8.1 Tarkanfii 6 karooraa gochaa koorniyaa qopheessu……………………………………………14

Propozaala sagantaa Leenjii

Guyyaa 1

| **Sa'aa** | **Hojiilee** |
|---|---|
| 3:00 – 3:30 | Dhimma Koorniyaa fi Saalaa hubachuu |
| 3:30 – 4:15 | Mateeriyaalii 1: Gahee fi itti gaafatamummaa |
| 4:15 – 4:45 | Mateeriyaalii 2: Kalaandara hojii guyyaa |
| 4:45 – 5:15 | Mateeriyaalii 3: Qabeenya |
| 5:15 – 5:30 | Gudunfaa Marii |

Guyyaa 2

| Sa'aa | Gochoota |
|---|---|
| 3:00 – 4:15 | Mateeriyaalii 4: karoora gocha koorinyaa qopheessuu |

## 1. Qophii


Qophii | Guyyaa 1 | Guyyaa 2

Qabxiilee armaan gadii mirkaneeffachuu:

- Osoo leenjii koorniyaa hin jalqabbiin dura, qonnaan bultootni xiyyeeffannaa hunduu akka leenjii koorniyaa irratti hirmaatan beeksisuu
- Dhiiraa fi dubaartiin leenjii irratti hirmaachuu isaani mirkaneeffachuu.
- Yommuu mariin garee gaggeessan dhiirrii fi dubaartiin iddoo tokko taa'uu isaanii mirkaneeffachuu. Yoo iddo tokko taa'aan yaadaa isaanii karaa bilisisa ta'een waljijjiiruu ni danda'uu.

Haala mijeessitoonni (ogeessi koorniyaa fi Hojjatan Misoomaa) qonnaan bulaan akka hirmaanna ho'aa taasisu kakaasuu.

- Qonnan bulaan waan hirmaatoonni hojjachaa jiranii fi kaayyoon isaa maal akka ta'e akka hubatan hordofaa jirachuu isaanii mirkaneeffachuu.
- Dhiirrii fi dubartii barbaachiisummaa fi itti gaafatamummaa bay'ina hojii jiru addan qoddachuun qabsiisuu.
- Erga huba nnoon dabale
    - Dhiirrii hojii ulfaataa dubarti irraa jiru ni hubatu,hojii qonnaatiif qofaa osoo hin taanee maatii isaanillee ni gargaaru.Erga hubannoon dabalee warrii dhiiraa hadha warraa isaanii ni deeggaruu. kanaafuu dubaartoonni hojii alatiinis irra caalaa isaanii bu'a qabeessaa ta'u danda'u.
    - Dubartiin yeroo gahaa hojii qonnaatiif waan kennaniif galii mana isaanii ni dabalu.



Qonnan bulaan tokko tokko marii irratti karaa ho'a ta 'en hirmaachuu dhabuun waan baratama ta'edha. Dhimma kanaaf haala mijeessiotoonni filannoo isaanii ni gaafatu.

## 2. Seensaa

### 2.1. Tarkaanfii 1. Koorinyaa fi saalaa hubachuu

**Kaayyoo**

Garaagarummaa saalaa fi koorinyaa hubachuu.

**Saa'aa**

Daqiiqaa 30

**Meeshaa**

Filiippi chaarti, saarartuu, Maarkaaraa

### 2.2. Adeemsa Raawwiii

| Adeemsa | Hojiilee |
|---|---|
| Tarkaanfii 1<br>Tarkaanfii1 | Miseensootaa fi keessuummoonni hadha waarraa leenjii hubannoo umuu koorinyaa irratti argamaaniif baga nagaayaan dhuftan |
| Tarkaanfii 2 | Hirmaattotni kanaan duraa dhimma koorniyaa dhagayuu isaanii gaafachuu. |
| Tarkaanfii 3 | ➢ Kana dura namnii kamiyyu yoo dhagayee jiraate kallatti dhumaan gara sadarkaa 4 deemuu<br>➢ Yoo namni kamiyyuu dhagayee jirate hima itti annee jiru tokko tokkon dubbisuufi<br>➢ Himni tokko akkuma duubbifameen hirmaatoota gaafachuu.kan waa'ee saalaa yaade dafee dura harka baasa .itti aansee kan waa'ee koorinyaa hubatee harka baasa<br>Bayyinaa namootaa saalaa jedhanii fi namoota koorinyaa jedhanii yaada isaanii filipiichaartii irratti barreessu..<br>➢ Haaluma walfakkaatuun hanga himni (6) armaan gadi xumuramutti itti fufu.<br>1. Dubartoonni ni da'u dhiirrii immo hin da'an (saalaa)<br>2. Dhiirri dubartii caalaa jajjaboodha. Dubartoonni garuu lallafootaa (koorinyaa)<br>3. Dubartoonni ni hoosisuu.Dhirrii da'imaa annan xunxxoon ni hoosiisuu.(saalaa)<br>4. Dubartoonni mana isaanii qabanii deemuuf itti gaafatamummaa ni qabu.(koorinyaa)<br>5. Dhiirrii Hojjate mallaaqa argate maatii isaa deeggaruu (koorinyaa)<br>6. Dubaartoonni addababaayitti bahaanii hin hasawaan (kooriyaa)<br>Himni 6 akkuma xumurameen deebiwwaan kennaman tokkon tokko |

| | |
|---|---|
| | isaanii sirri fi sirri ta'u dhabuu isaanii mirkaneeffachuu. |
| Tarkaanfii 4 | Saalli uumama fi waliigala waan ta'eef yeroo keessaa jijjiruun hin danda'amuu garu koorinyaan hawasa fi aadaawaan of keessa waan qabuuf jijjiramuu ni danda'a. |
| Tarkaanfii 5 | Hirmaatoonni erga tokko tokkon gargarummaa saalaa fi koorinyaa jidduu jiru hubatanii boodaa duubatti deebi'un himootaa armaan olii hirmaatoota saalaa ykn koorinyaa jedhanii gaafachuu. |
| Tarkaanfii 6 | Hawasa keessaa hojiin dhiiraa qofaan hojjatamaan yoo jiraatee garee gaafachuu.garu yeroo ammaa kan dhiiraa fi dubartootaan ka hojjataman ykn kan dubartootaa qofaan hojjatamaan, garu yeroo ammaa kan dhiiraa fi dubartootaan hojjatamaan .koorinyaa jijjiramuu kan danda'uu ta'u hirmaatootaan mirkaneessuu. |



**Checkpoints**

- Farmers understand difference between sex and gender
- Sex cannot be changed.
- But gender changes over time

3. Mateeriyaalii 1: xiinxaala koorinyaa

Qophii > Guyyaa 1 > Guyyaa2

**Gahee fi itti gaafatamummaa**

**3.1.** Tarkaanfii 2: gahe fi itt gaafatamuamma sadarkaa maatii (House hold)

**Kaayyoo**

Gahee fi itti gaafatamummaa dubartootaa fi dhiiraa sadarkaa maatii (House Hold)

**yeroo**

Daqiiqaa 45

**Mateeriyaalii**

Filipii chaartii, waraqata saraartuu,maarkaar

### 3.2. Adeemsaa raawwii

<table>
<tr><th>Adeemsa</th><th>Hojiilee</th></tr>
<tr><td>Tarkaanfii 1</td><td>Gabate hormaataa fi wal hormaataa kan hirmaattoonni hundi ilaaluu danda'an kaasuu.</td></tr>
<tr><td>Tarkaanfii 2</td><td>"Gahee hormaataa" irratti xiyyeeffachu, Omiishaa Kudrraa fi Mudraa bayyee barbaachiisaa ta'e omiishaamuu fi Gandaa itti gurguraamuu garee gaafachuu, sana boodaa marii gaggeessuun omiishaa bayyee barbaachiisaa ta'e tokko filachuun</td></tr>
<tr><td>Tarkaanfii 3</td><td>Hojiilee 8-10 tarraa'an kan akka omiishuu,gabaayaatti dhiyeessu,too'annaa qabeenyaa filatamaniin gaggeessu garee gaafachuun tokkon tokko koolamaanii irratti hojilee barreessu.hojiileen dhumaa lamaan omiishaa gabaayaatti dhiyeessuu fi too'aanna galii omiishaa filatama irra argameedha.<br><br>Gabate gahee hoormaata<br>
<table>
<tr><th>Lakkofsaa</th><th>Hojiilee</th><th>Dhiiraa</th><th>Dubaartootaa</th></tr>
<tr><td>1</td><td>Madappii sanyii hojjachuu</td><td></td><td></td></tr>
<tr><td>2</td><td>Sanyii kudraa fi mudraa facaasuu</td><td></td><td></td></tr>
<tr><td>3</td><td></td><td></td><td></td></tr>
<tr><td>4</td><td></td><td></td><td></td></tr>
<tr><td>5</td><td></td><td></td><td></td></tr>
<tr><td>6</td><td></td><td></td><td></td></tr>
<tr><td>7</td><td>Gabaayaa</td><td></td><td></td></tr>
<tr><td>8</td><td>Galii too'achuu</td><td></td><td></td></tr>
</table>
</td></tr>
<tr><td>Tarkaanfii 4</td><td>Gahee wal hormaataa ibasuu , hojiiwwaan tarreeffamaan hojii ijoo sadarka maatii ta'u gareesf ibsuu.</td></tr>
<tr><td>Tarkaanfii 5</td><td>Hirmaatootaa dhiiraa fi dubartootaa gareen addan qooduun tokkon tokko gareetiif meeshaalee gahee hormaataa fi wal hoormaataa kenuu. Shaakaalaaf haala mijeessuun tokkon tokko garee</td></tr>
</table>

Koolaamiin dhumaa lamaanirratti kan guutamuu kamtuu miidhaan gabayaatii ,kamtuu immoo too'anna qabeenyaat kan jedhu irratti mari'achuu.

| | |
|---|---|
| | keessaa nama gafachuu. |
| **Tarkaanfii 6** | Tokkon tokko haala mijeessaa gaafachuun hojii kamtu dhiiraa yookaan dubaartootaan akka hojjatamuu. Yoo lamaniinu hojjataman yeroo lama koolamanii gudda hirmaatoota irratti mallattoo godhu.yoo walqixaa kan hirmaatan ta'e , tokko tokkon isaa yeroo tokko koolaamii irratti mallattoo godhuu. Yoo homtuu hin hirmaatiin koolaamii hojiilee kam irrattu mallattoon hin godhamuu |

**Gahee Hoormaataa**

| Hojiilee | Dhiiraa | Dubartootaa |
|---|---|---|
| Madapii sanyii qopheessu | | |
| Galte bituu | | |
| Bishaan obaasuu | | |
| Geejibsiisuu | | |
| Araamuu | | |
| Xaa'oo itti kennu | | |
| Walitti qabuu | | |
| gabaayaa | | |
| Galii too'achuu. | | |

Ask the group who is responsible for the activity every day. Don't tick if they do it only occasionally.

**Gahee wal Hoormataa**

| hojilee | dhiiraa | Dubartootaa |
|---|---|---|
| Bilcheessu | | |
| dhiquu | | |
| Bishaan waraabuu | | |
| Qoraan guuruu | | |
| Daa'immaan kununsuu | | |
| Dhibamaa kununusuu | | |
| Daakuu | | |
| Mana Ijaaruu/ suphuu/ | | |
| Nageenyummaa | | |

| | |
|---|---|
| **Tarkaanfii 7** | Iddoo walga'iitti deebi'uun .dhimmoota tokkon tokko gareen qopheesse madaluu fi irratii mari'achuun hojii omiishitummaa dhiiraa fi dubartootaa akkamitti akka qoodamuu ilaaluu. |



## Qabxiilee mirkaneeffannaa

Dubartooonni haala cimaa ta'een hojii omiishitummaatti ni hirmaatuu. Hojii gurgurtaa fi qabeenyaa too irratti'achuu irratti hirmaannan isaanii gadi aanaadha. kun Dubartooonni akka ciminaan hojii qonna irratti hin hirmannee kan isaan taasisuudha

- Dubartoonni hojii da'umsaatiif itti gaafatamummaa Qabu

- Dubaartooonni karaa hiikaa qabuun omiishaa kudraa fi mudraa irraatti ni hirmaatuu.
- Dubartoonni hojii baayyee hojjatau gahee hoormaataa fi wal hoormaataa bahu dabalatee .dhiirrii garuu karaa hiikaa qabuun dubaartootaarraa hojii xiqqaa hojjatu

## 4. Mateeriyaalii xiixallii koorinyaa

**Kaalaandaara hojii guyyaa guyyaa**

**4.1.** Tarkaanfii 3. Gahee dhiiraa fi dubartootaa sadarkaa maatii qaban hubachuu fi yeroo isaan hojii irratti fixaan beekuu.

**Kaayyoo**

Garaagarummaa saalaa fi koorinyaa hubachuu.

**Saa'aa**

Daqiiqaa 30

**Mateeriyaalii**: Filippi chaartii,waraqaa, sarartuu,maarkaarii

### 4.2. Adeemsa raawwii

| **Adeemsa** | **Hojiilee** |
|---|---|
| Tarkaanfii 1 | Hirmaattootaa dubartii fi dhiiraan gareen addan qooduu.. Gabatee meeshaalee kaalandaaraa hojii guyyaa guyyaa fayyadamuun barreessuu.garee garee irra nama tokko tokko gaafachuun shaakaalaf haala mijeessuu. |
| Tarkaanfii 2 | Hawasa keessaatti guyyaa dhiiraa fi dubartiif baratama ta'e garee gaafachuun akka ibsan godhuu. |

Badiyyaatti guyyaa dubartootaa

| Saa'aa | Hojiilee |
|---|---|
| 4 | Ka'anii sa'a Elmuu |
| 1 | Ciree qopheessu |
| 2 am | Meeshaa Dhiquu |
| 3 am | Hojii qonnaa hojjachuu |
| 6:00 | Laaqana qopheessu |
| 7 \| | Meeshaa diquu/horii tikisuu/Bishaan waraabuu/ Qoraan guuruu/sa'a elmuu 3 |
| 11 | Irbaata qopheessu |
| 1 | Horii walitti qabuu/Ijoollee dhiquu |

Badiyyaatti guyyaa dhiiraa

| Saa'aa | Hojiilee |
|---|---|
| 11 | Nageenyumma mirkaneeffachuu. |
| 12 | Ka'anii nageenyummaa mirkaneessu. |
| (1;30) | Ciree nyaachuu. |
| 2 | Hojii qooddachu |
| 3 | Hojii Qonnaatti bobba'uu |
| 7 | **Boqqonnaa laaqanaa** |
| 10 | Hiriyaa wajjin mari'achuu. |
| 1 | Boqqonnaa irbaataa |
| 4 | Rafuu |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | 2 | Irbaata | | |
| | | 3 | Meeshaa dhiquu | | |
| | | 4 | Bathing ( Bishaan Daakuu. | | |
| | | 5 | Rafuu | | |

**Raawwii dabalata**

- Dubartoonni guyyaa guutuu hojjachaa ooluu. Warri dhiiraa garuu yeroo bashannanaa fi boqqonnaa ni qabu
- Dubartoonni yeroo leenjii fi qonnaa hin qaban.

**Qabxii Mirkaneeffannaa**

- Dubartoonni hojii baay'ee waan hojjataniif leenjii qonnaa fi hojii qonnaa irratti hirmaachuu yeroo dhabuu.
- Dhiirri yeroo muraasa hojii qonnaa irratti dabarsa.
- -Omiishitummaa dabaluuf yerootti sirnaan fayyadamuun barbaachiisaadha.

## 5. Mateeriyaalii xiinxaala koorinyaa 3

## Too’annaa Qabeenyaa fi Dhaqabamummaa

### 5.1. Tarkaanfii too’annaa qabeenyaa fi dhaqabamummaa

**Kaayyoo**

Maatii qabeenyaa adda too’atuu fi dhaqqabummaa qabu adda baasuu.

**Saa’aa**

Daqiiqaa 30

**Mateeriyaalii: filippii chaartii, Waraqaa, Saraartuu, Maarkarii**

### 5.2. Adeemsaa raawwii

| Adeemsaa | Hojilee |
|---|---|
| Tarkaanfii 1 | Gabatee itti aanee jiru filipii chaartii irratti kaasuu.dhaqabamummaa. qabeenyaa fi qabeenyaa too’achuu akka hirmaatoonni hundi arguu danda’anitti dhaqabamumma qabeenyaa fi too’achuu mal akka ta’e ibsa kennuu<br>- Qabeenyii:_ waan tokko ta’e kan qonnan bulan qabuu kan akka lafa,meeshaa,miidhaan Horii Kffn.<br>- Dhaqabamummaa - Carraa qabeenyaatti fayyadamuu qabnnu.<br>Too’achuu:- Humna akkaataa itti fayyadama qabeenyaa murteessuu danda’u.enyuutudhaqabamummaa qaba yoom gurgurata.kff |
| Tarkaanfii 2 | Dhaqabamummaa qabeenyaa irratti xiyyeeffachuu, miidhaan kudraa fi mudraa baay’ee barbaachiisa ta’e garee gaafachuu gareef kooloomanii gurrachaa irratti barreessuu. Garee gaafachuun laman keessaa isa kamtuu maatiidhaaf qabeenyaa baay’ee barbaachiisaa ta’e tarree dhaqabamummaa qabeenyaa keessaa kan hin jirree fi koolaamii gurracha irratti barreessuu. Koolamaanii gurraachaa too’annaa qabeenyaa sadan irratti garagalchuu.<br>**Dhaqabamummaa fi qabeenyaa too’achuu.**<br>**Dhaqabamummaa fi qabeenyaa too’achuu.** |

| Qabeenyaa/Tajaajila/ | Abboomuu | | Too’annaa | |
|---|---|---|---|---|
| | Dhiiraa | Dubartootaa | Dhiiraa | Dubartootaa |
| lafa | ✓ | ✓ | ✓ ✓ | |
| Meeshaa Qonna | ✓ | ✓ | ✓ ✓ | |
| Horii Aannanii | ✓ | ✓ | ✓ ✓ | ✓ |
| Lukkuu | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ ✓ |
| Leenjii | ✓ | ✓ | ✓ ✓ | |
| | | | | |
| | | | | |

Gareen Qabeenyaa sadii murteessuu.Tokko Kudraa fi Mudraa kan qabeenyaa galii argamiisuu danda’uu

| | |
|---|---|
| Tarkaanfii 3 | Hirmaatootaa dhiiraa fi dubartootaa gareen addan qooduu. Tokko tokko gareetiif meeshaalee dhaqabamummaa qabeenyaa fi qabeenyaa too'achuu kennu. Garee hunda irra nama tokko tokko gaafachuun shaakaalaaf haala mijeessu |
| Tarkaanfii 4 | Tokkon tokko haala mijeessaa dubartoonni moo dhiiratuu qabeenyaa tarra'ee irratti dhaqabummaa qaba jechuun garee gaaffii gaafachuu. Yoo lachuu dhaqabummaa qaba jedhamee koolaamanii irraa caalaa dhaqabummaa qaba jedhu irratti yeroo lama mallattoo godhuu.kan dhaqabummaa yeroo tokko qabu yeroo tokko mallaattoo ghodhuu.yoo lachuu walqixa dhaqabummaa qabatan tokkon tokko koolamaanii irratti yeroo tokko mallaattoo godhu. |
| Tarkaanfii 5 | Erga dhaqqabummaa qabeenyaa xumuramee boodaa gara qabeenyaa too'achuutti deemuun tokkon tokko haala mijeessaa dhiiraa moo dubartootaatuu qabeenyaa tarreeffaman kana too'aachuu danda'a jechuun gaafachuun hanga dhumaa qabeeyaatti addaa baasuu. |
| Tarkaanfii 6 | Gara marii deebi'uun waan tokkon tokko gareen qopheessee irratti marii'achuunm walmadalchiisuun ennu akka sadarkaa maatitti qabeenyaa too'achuuf dhaqabummaa akka qabu ilaaluu. |

**Qabxii Mirkaneeffannaa**

- Dubaartoonni dhaqabummaa carraa beenyaa muraasaa kan qabaniif hanga xiqqoo ta'e kan yoo ta'u, dhiirrii immoo carraa qabeenyaa hunda too'achuu kan qaban ta'u.
- Eenyumtuu dhimma qabeenyaa isaa/ishee hin too'annee irratti murtee kennu hin danda'u
- Qabeenyaa murteessaa ta'an irratti maatii keessaa miseensii muraasiin sosochii/mobilization /too'anna qabeenyaa kan hin gaggeesinee yoo ta'ee dinagdeen miidhamuu danda'a

**Qabxii Mirkaneeffannaa**

Sadarkaa maatitti qabeenyaa to'achuu dhabuu dubartootaa, dubartoonni qabeenyaa irratti murtee akka hin murteessinee kan godhu ta'u

## 6. Seenaa dhimma koorinyaatiin walqabatu

**6.1.** Qonnan bula hubannoo ifa ta'ee qabsiisuuf seenaa dhuga armaan gaditti jiru kun kana yoo ilaalee leenjii koorinyaa irratti yoo hirmaatee bu'aa akkamii argachuu akka danda'u kan hubannoo argatu ta'u.

### 6.2. Koolaamaanii 1 seenaa Abbaa waarraa Qonnan bulaa

Timaatimni kiyyaa gabaaf dhiyaachuuf waan gaheef guyyaa tokko ganama manaa bahee gabaa Timaatimaa qo'achuuf gara gabaa deemee. Yoommu ani gabaa keessaa deemee gabaa qo'adhuu, bittuun /daldalaan mana kiyya dhaqee haati mana tiyyaa Timaatimii akka itti gurgurtu gaafate. Jalqabummarra qabeenya irratti murteessaa aangoo waan hin qabnee fi karooraa kiyyas waan hin beekneef eyyamamaa hin taneef.

Qo'annon gabaa ani gaggeesses naaf hin milkoofinne. Sana booda gara manaa deebi'ee waan taatee



guyyaa ta'e hadha mana tiyyaf ibse. Timaatimii kiyyaaf gaba waanan dhabeef na jala waan badaa jiruf bayyeen gaddee.

**Qonnan bulaa gaafadhu**?

- ✓ Haalichaa akkanaa kana dura beekta?
- ✓ Rakkon kun maaliif akka umame beekta?
- ✓ Rakkoon akkanaa kun yoo umame akkamitti akka hiikatuu beekta?

**Koolamaanii 2. Seenaa Hadha waarraa qoonnan buulaa**

Abbaa waarraa kiyyaa kan naa ibse, Shunkurtii bu'aa waan qabuuf,lafa qabnu hundaa shunkuritti yaa dhabunu naan jedhee tole jedhe, garuu nan mormee, lafa qabun hunda miti muraasa dhabu qabanna jedheen. sababiin isaas qonnan bulaan baay'een shunkurtii dhaabuu akka barbaadan dhagayeen turee. kanaafuu yeroo shunkurtin gahuu gatiin isaa akka gadi bu'uu danda'uun dhagaye. Abbaan warraa kiyyaa na dhagayuu hin dandeenye, waan an jedhe didee shunkuritii lafa qabnuu hundaa dhabee ,dhuma irratti kisaaraa guddaa keessa galle, muuxannoo kaanaan boodaa abbaan waarraa kiyyaa yeroo facaasaan gahee midhaan akkamii akka facaafinnu na gaafachuu egalee.



Qonnan bulaa gaafadhu?Haalichaa akkana kana kanaan duraa beekta?

- ✓ Rakkoon kun maaliif akka umamee beekta?
- ✓ Rakkoon akkana kun yoo umame akkamitti akka hiikkatuu beekta?

## 7. Waliga'hii waliigalaa guyyaa 1

Qophii | Guyyaa 1 | Guyyaa 2

**7.1.** Tarkaanfii 5 walga'hii waliigalaa

**Kaayyoo**

Hirmaatoonni guyaa walga'hii hubachuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Saa'aa**

Daqiiqaa 15

**Mateeriyaalii**

hin barbaachiisuu

### 7.2. Adeemsa Raaawwii

| Adeemsaa | Hojilee |
|---|---|
| **Tarkaanfii 1** | Waan leenjii irra baratan garee gaafachuu,Qabxii leenjii barbaachiisaa ta'e shaakaala tokkon tokko hirmaatootaa turaan godhan ilaaluun |
| **Tarkaanfii 2** | Yommu karoorri gochaa kooriiyaa bira qinda'ee yeroo walga'ii bira itti annuu gareetti himu. |
| **Tarkaanfii 3** | Hasawa cufnsaa |

# 8. Maateeriyaalii xiinxaalaa koorinyaa 4 Karooraa gochaa hojjachuu.

Qophii > Guyyaa 1 > Guyyaa 2

**8.1.** Tarkaanfii 6. karooraa gochaa koorinyaa hojjachuu.

**Kaayyoo**

Shaakaala yeroo darbee gaggeeffamee fi qabxii marii yaadachuu.

Hojii ulfaataa dubaartootaa irra jiru sadarkaa maatitti hirdhiisuuf maatii waajjin karooraa gochaa qopheessu.

**Saa'aa**

Daqiiqaa 15

Saa'aa tokko karooraa gochaa qopheessuf

**Meeshaa**

Filipii chaartii,Waraqa,Saraartuu,Maarkaarii

**8.2.** Adeemsa raawwii

| Adeemsa | Hojiilee |
|---|---|
| Tarkaanfii 1 | Leenjii hubannoo umuu koorinyaa irratti yeroo lammaafaf gareen hirmaataniif baga nagayaan dhuftanii.Leenjii darbee irra gareen waan baratan gaafachuu.leenjii darbee irra qabxii barbaachiisaan qabatamuu isaa mirkaneeffachuu. Ammaatti yoo ilaalamuu hirmaatoonni tokko tokko shaakaala darbee irra hubannoo argataniiru. |
| Tarkaanfii 2 | Kaayyoon shaakaala kana hojii ulfaata sadarkaa maatitti dubartootaa irra jiru kan irra hirdhiisuu ta'u gareef ibsuu.Karooraa gochaa dubartootaa irra hojii ulfaataa hirdhiisuu danda'uu irratti mari'achuu. |
| Tarkaanfii 3 | Meeshaalee shaakaalaa leenjii karooraa gochaa gabatee ilaaluun guutuu. |

| Kaayyoo | Hojii baayyee hifachiisaa ta'e | Hojii | Yoom | qabeenya | Raawwata | Too'ata |
|---|---|---|---|---|---|---|
| Dubartootaa irra hojii ulfaata xiqqeessu | Bishaan waraabuu | Sunsumaa foyya'aa bituu | Caamsaa 2021 yeroo omiishnii kudraa fi Mudraa itti gurguramuu | Qarshii Itiyoophiyaa 1000 hojii mana araa keessaatti hojjatamuuf | Tokkon tokko Miseensaa garee | Hojjata Misoomaa fi dursaa garee. |

Hirmaatootaa waa'ee hojii hifachiisaa fi yeroo fixuu gaafadhuu

Hojii humna bayyee fi maallaqaan malee hojjatamuu adda baasuu

Saa'aa mijata murteessu.

**Qabxii Mirkaneeffannaa**

- Tooftaa karooraa gochaa kan dubaartootaa irra bayyinaa hojii hirdhiisuu bafachuu.
- Jijjirama guddaa fiduuf galteen xiqqoo kan barbaachiisuu ta'u.



**Karoora gochaa qonnan bulaa itti fufiinsaan hordofuun qonnan bulaan akka jijjirama amala fiduu gahee guudda qaba,Hojjatan Misoomaatii fi ogeessi Aanaa qonnan bulan akka guddinaa agarsiisuu kakasuu fi deeggaruu qabu.Muxannoo gaarii jiru qonnan bulaan akka walii baran godhuu.Akkasumaas bu'awwaan barbaachiisaa ta'an kan leenjii koorinyaa kana irraa argamaan irra barachuu.**